
Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 20

BOQONNAA 19

Waqtiilee Waggaa

Waqtii Arfaasaa fi Gannaa

Kaayyoo barannichaa

Barannoo kana booda

- **Waqtii arfaasaa fi gannaa adda ni baaftu.**
- **Ji’oota isaanii ni tarreessitu.**

Shaakala

Gaaffilee Armaan Gadii Shaakalaa

1.Waqtiin arfaasaa ji’oota kamfaa of keessaa qaba?

2.Waqtiin gannaahoo?

1.Waqtii Arfaasaa

- **Waqtiin qoqqoodama waggaa tokkooti.**
- **Waqtiin arfaasaa qoodama waqtiilee arfan keessaa tokkodha.**
- **Waqtiin kun waqtii bonaatti aanee dhufa.**
- **Ji’oota qonnaan eegaluuf qophiin taasifamuudha.**
- **Barattootaaf yeroo barnoota semisteera 2ffaati.**
- **Waqtiin kun ji’oota sadii of keessaa qaba.**

… itti fufa…

Waqtiin arfaasaa ji’oota sadan inni of keessaa qabu;

1.Waqtii Arfaasaa

A.Bitootessa

B.Ebla

C.Caamsaa



Hojiiwwan Waqtii Kana Keessa Hojjetaman

- Barnootni semisteera 2ffaa ballinaan geggeeffama.
- Qonnaan bulaan qophii taasisa.
- Irreechi tulluu waqtii kana ni irreeffatama.

2.Waqtii Gannaa

- Gosoota waqtiilee arfan keessaa tokkodha.
- Waqtii arfaasaatti aanee dhufa.
- Waqtii roobni cimaan itti roobuudha.
- Lageen gurguddaan yeroo itti guutaniidha.
- Waqtiin kun baay’ee qorra.
- Waqtiin gannaa ji’oota sadii of keessaa qaba.

…itti fufa…

Ji’oota waqtiin gannaa of keessaa qabu;

2.Waqtii Gannaa

A. Waxabajjii

B.Adoolessa

C.Hagayya



Wantoota Waqtii Gannaa Hojjetaman

- **Barattootaaf yeroo boqonnaati.**
- **Yeroo maatii keenya hojii gargaarruudha.**
- **Yeroo qotee bulaan sanyii facaasuudha.**

Gocha

<u>Gaaffilee kennaman dhugaa yookiin soba jedhaa deebisaa.</u>

1.Waqtiin gannaa yeroo barumsa semisteera 2ffaati.

2.Irreechi Tulluu waqtii arfaasaa irreeffatama.

3.Waqtiin tokko ji’oota afur of keessaa qaba.

Deebii

Gaaffilee kennaman dhugaa yookiin soba jedhaa deebisaa.

1.Waqtiin gannaa yeroo barumsa semisteera 2ffaati.

SOBA

2.Irreechi Tulluu waqtii arfaasaa irreeffatama.

DHUGAA

3.Waqtiin tokko ji’oota afur of keessaa qaba.

SOBA

Cuunfaa Barannoo

- **Walumaa galatti barannoo keenya har’aan;**
- **Gosoota waqtiilee arfaasaa fi waqtii gannaa,**
- **Garaagarummaa isaanii,**
- **Hojiwwan waqtiilee kana keessa hojjetaman,**
- **Waqtiin tokko ji’a meeqa akka qabu baranneerra.**

Hojii Manaa

Gaaffilee Kennaman Maatii Keessan Gaafachuun Deebisaa.

1.Ji’ootni waqtii arfaasaa torbanoota meeqa ta’u?

2.Waqtiin tokko guyyoota meeqa of keessaa qaba?

3.Ji’i tokko saa’atii meeqa ta’a?

XUMURAMEERA

Vaayiresii Koroonaa Irraa Of Eegaa!!

Qoph.Yaadasaa Ittafaa

Adoolessa 2012

Finfinnee,Oromiyaa